*Gadaa W.* *Joornaalii Dilbii, Amajjii-Waxabajji 2026, 4(1), 1-12*

**DOI: https://doi.org/10.20372/jdq.v4i1.2146**
**ISSN: 2521-8336 (Print) and 3005-7647 (Online)**
**Jornaalii Dilbii Qorannoo**
**Jor. Dilbii, Amajjii-Waxabajji 2026, 4(1): 1-12**
**Fuula Manaa: https://journals.wgu.edu.et**

Qorannoo Asilii

# Gahee Tiyaatirri Aadaafi Eenyummaa Dhalootaa Eeguu Keessatti Qabu: Tapheen Jennaan xiyyeeffachuun

Gadaa Wayyeessaa

Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Yuunvarsiitii Wallaggaa, L.S.P. 395, Naqamtee, Itoophiyaa

## Axereraa

*Qorannoon kun gahee tiyaatirri aadaafi eenyummaa dhalootaa eeguu keessatti qabu xiyyeeffannoo taphee Jennaan kan adeemsifamedha. Qorannoon kun mala qorannoo akkamtaan kan adeemsifame yoo ta'u maddeen ragaalee qorannichaa qajeelchaa bartaphee Jennaan, taphatoota tapheefi miseensa daawwattootaati. Malleen iddatteessuu itti dhimma ba'amanis mala miti carraa akkayyootti dhimma ba'amee jira. Malleen funaansa ragaalee itti dhimma ba'amanis afgaaffii gamtokkeen caaseffamaa yommuu ta'u, malli xiinxala ragaalee immoo mala qorannoo akkamtaa keessaa qorataan mala ibsaatti gargaarameera. Bu'uuruma kanaan argannoowwan ijoo qorannoo kanaa aadaa, duudhaafi safuu ummataa eeguufi eenyummaa waloo tumsuu keessatti tapheen Jennaan humna guddaa qaba. Tiyaatirri meeshaa hawaasni barootta dheeraaf duudhaa, sirna amantaa, afaaniifi oguma dhalootaa gara dhalootaattii ittin dabarsu ta'ee tajaajilaa tureera. Dabalataan tiyaatirri Jennaan jijjiiramummaa aadaafi eenyummaa yaada ammayaa waldiddaa taatotaa gargaaramuun falmii taasisuun eenyummaa, aadaafi haala qabatamaa bultoo hawaasichaa barsiisa. Qorannoon kun akka agarsiisutti, tiyaatirri aadaa kunuunsuu, beekumsa dabarsuufi uummata tokkoof odeeffannoo kennuuf utubaa qunnamtii hawaasaa ta'ee tajaajila. Xumurarratti, tiyaatirri hambaalee, aadaafi eenyummaa dhalootaa eeguufi murteessaa ta'uu isaan dhaloota egereef kaarikulamii barnootaa keessatti bocamuu akkasumas barnoota hujoon (applied theatre) duudhaa, aadaafi eenyummaa dhalootaa hawaasa hirmaachisuun calaqqee eenyummaafi aadaa isaa tiyaatiratti akka dhimma ba'uu cimsee yayyaba.*

**Article Information**

**Article History:**
Received: 19-10-2025
Revised: 05-02-2026
Accepted: 20-05-2026

***Jechoota Ijoo:*** *tiyaatira, aadaa, eenyummaa, taphee Jennaan, kunuunsa aadaa*

**Qorataa Muummee: Gadaa Wayyeessaa*

*E-mail: gadawayessa5@gmail.com*

Copyright@2024 Jornaalii JDQ, Yuunivarsiitii Wallaggaa. Mirgi Eegamaadha.

## 1. Seensa

Tiyaatirri aartii umurii dheeraa qabu ta'ee, kan dhalli namaa yaada, miira, duudhaa, naamusa, eenyummaafi aadaa isaa ibsachuuf itti gargaaramudha. Nellhaus fi kaan, (2024) akka ibsanitti, tiyaatirri haala jireenya dhuunfaafi hawaasaa waliin hariiroo cimaa kan qabu akka daawwitii addunyaa nama hundaa agarsiisuudha. Tiyaatiraan bashannanuu qofa osoo hintaane karaa jijjiiramummaa aadaa ittin qoratan, aadaa ittin kabajaniifi hanqina jiru ittin hubatanidha (Balan, 2025). Tiyaatirri bartaphee diraamaa qofa osoo hintaane bifa dowwii sirna aadaa, tapheefi amaloota hawaasaa of keessatti qabatedha (Melnym, 2024). Kunis, dowwii kallatti taphatootaafi daawwatoota bakka tokkotti hirmaachisudha.

Biyyoota hedduu keessatti, agarsiisni tiyaatiraa ibsituu beekumsa xabboo kanneen akka seenamtii, sirba, shuubbisa, sirna aadaa (rituals), tokkummaafi jireenya hawaasaa waliin hariiroo cimaa qaba (Okagbue, 2013; Soyinka,2013). Fakher, (2019) akka ibsetti, dowwiin aadaa hawaasaa keessatti amala aadaa kunuunsuufi dabarsuu gochaa irra deebi'uun raawwatamuudha. Haaluma walfakkaatuun, Blame, (2023) tiyaatiraan beekumsa aadaafi karaa hawaasni eenyummaa isaanii ittin mullisan ta'ee tajaajiluu ibsa. Akkuma kana, tiyaatirri meeshaa dhaloonni kuusaa aadaa, safuu hawaasaafi odeeffannoo dhalootaaf ittin dabarsanidha (Abed, 2024).

Qorannoon Hatala fi kaan (2020) adeemsifame akka agarsiisutti tiyaatirri hawaasa irratti hundaa'e eenyummaa dargaggootaa ibsuu, ijaaruufi cimsuuf shoora olaanaa akka qabu mirkaneessaniru. Dowwiin dargaggootaaf qaama isaanii, fayyaa isaanii, waliigala hubannoo isaanii (sammuu, qaama, hafuuraafi hawaasummaa) ijaara. Akkuma kana dargaggoonni tiyaatiraan eenyummaa isaanii akka qoratan, akka agarsiisanifi akka irra deebi'anii eenyummaa isaanii bocan kan dandeessisudha (Hatala fi kaan, 2020). Workishooppii tiyaatiraa eenyummaa dhalootaa qorachuufi deebisanii uumuu kan jedhu Linds fi kaan. (2013) qoratame, hirmaattonni workishooppichaa eenyummaa beekumsa xabboo isaanii deebisanii kalaquu, gaaffii gaaffachuu, seenamtiin, taphee keessatti qooda fudhachuufi agarsiisa dhiyeessuun namoonni dhuunfaa hundee aadaa isaanii akka hubatan gargaareera.

Tiyaatirri aadaa kunuunsuu, haaromsuufi dabarsuuf meeshaaleen aadaa aartii ammayaa keessatti yoo madaqfamanidha (Ogunleye, 2002). Qabiyyee taphichaan tiyaatirri aadaa hawaasa dhiyaatuuf deebisee dhiyeessa. Irra deebiin dhiyeessuun kunis akka hindagatamne yaadachiisa. Akka hinbadne kunuunsa. Kan duraan ture akka jiraatu taasisa. Qorannoon

Richard (2013) akka ibsutti, dowwiin amala deebisaanii agarsiisuun aadaa itti fufinsaan dhalootaaf olkaa'an ta'uu mirkaneessa. Yaada kana waliin hidhata kan qabu, Turner (2018) qabiyyeen tiyaatirri sirnaafi diraamaa hawaasummaa isaan aadaan kan ittin ibsamu, ittin mari'atamuufi ittin eegamu ta'ee tajaajiluu ibseera.

Gama biroon immoo, bu'uurri hiika tiyaatiraa bakka itti wanta tokko ilaalani, daawwataniifi, hubataniidha (Akinsola, 2025). Tiyaatirri seenessa hawaasaaf, calaqqee aadaaf, akkasumas dhugaa jiruu ifoomsuuf carraa bana. Dabalataanis beekumsa aadaa baduu ga'e deebisee akka jiraatu taasisa (Balan, 2025). Adeemsi aartii kalaqa tiyaatiraa bohaartii, odeeffannoo, barnoota kennuu, dhimmoota siyaasaafi dinagdee xiyyeeffachuu danda'a. Kunis madda beekumsa aadaa duudhaafi eenyummaa dhalootaa eeguuf gahee qabaachuu mullisa. Yildiz fi Bianchi (2023) akka addeessanitti, tiyaatirri dandeettii addaa aartii waliigalaa akka sirbaa, taphee, shubbisa, haguuggii fuulaa, uffataafi seenaa himuu gargaaramuun yaada furmaataa qabatee kan dhiyaatudha. Yaadni furmaata kunis waa'ee seenaa, aadaafi dhugaa hawaasa ergaa murta'aa dabarsuufi sadaa sammuu daawwataa keessatti hambisuunidha.

Tiyaatirri eenyummaa ibsuu, aangomsuufi bocuuf tajaajilaa tureera (Balan,2025). Qorannoon mata duree walfakkaataa baroota dhiyoo as adeemsifame, dowwii tiyaatira yeroo ammaa keessatti mullatu dhimmoota koorniyaa xiyyeeffannoo barbaadan hubannoo uumuuf, tiyaatiraan hawaasa damdamachiisuuf, tiyaatiraan eenyummaa guddisuu, waliigalteefi araara buusuuf akka meeshaa tokkootti gargaaruu argannoo qorannoo isaaniin addeessaniiru (Linds fi kaan. 2013; Fakher, 2019).

Qorannoon tiyaatiraafi dadammaqinsa hawaasaa irratti adeemsifame Farzaliyeya fi Seyidov, (2025) akka agarsiisutti, tiyaatirri aadaa calaqqisiisuu qofa osoo hinta'iin ilaalcha eenyummaa bocuufi baballisuuf kan hojjetamudha. Bara dijiitaalaa keessattillee namoonni eenyummaa isaanii tiyaatiraan mari'achuu akka danda'an ta'ee itti fufeera (Richardson, 2022). Kun kan agarsiisu muuxannoo, duudhaaleefi afaan guddisuuf daandii ta'ee tajaajiluu agarsiisa. Akkasumas hawaasni jijjiirama hawaasummaa irratti akka yaadaniifi waldiddaa jiru irratti akka mari'atanif carraa kenna.

Qorannoo Zarihun, (2019) mata duree '*Performing the Nation: Incorporating Cultural Performances into Theatre in Ethiopia*' jedhuun, tiyaatirri Itoophiyaa caalmaatti dowwii aadaan qophaa'u akeeka. Dabalataanis, tiyaatirri aadaa eenyummaa dhalootaa itti fufsiisuu akka danda'u agarsiisa.

Dowwiin tiyaatira Itoophiyaa bara jalqabaa beekumsa xabboo kanneen akka muuziqaa afoolaa, shuubbisa, seenamtiifi agarsiisa aadaa irraa kan guddatedha. Yeroo booda, bifa xabboo irraa modeelota tiyaatira dhihaa waliin makamuun tiyaatira aadaa walmakaa ta'e (Aboneh, 2012).

Tiyaatirri aadaafi eenyummaa dhalootaa dhalootatti dabarsuu, kunuunsuu, qunnamtii hawaasaa ta'ee tajaajiluu, hubannoofi muuxannoo qooduu, duudhaafi hambaalee seenamtiin dhalootatti dabarsuu, namoonni eenyummaa isaanii irratti akka yaadanifi mari'atan gochuu, akkasumas walitti dhufeenya hawaasummaa akka cimsataniif haala kan mijeessudha (Balan, 2025). Haata'u malee, tiyaatirri aadaafi eenyummaa dhalootaa guddisuu keessatti gahee qabaatus aadaan Oromoo dhiibbaalee giloobaalayizeeshinii, ammayyummaafi sirna amantaan dhiibbaa jala jiraachuu qoratootni aadaa qorannoo isaanii keessatti agarsiisaniiru (Getahun, 2020; Hunde, 2018; Benti, 2018). Yaaduma kana waliin kan wal fakkaatu, giloobaalayizeeshiniin, amantiin, koloneeffannaan, aadaafi sirni siyaasaa uummata Oromoo akka laamshesse hayyoonni ifoomsaniiru (Asafa, 2020). Tooftaan kunuunsa aadaafi eenyummaa dhalootaa eegan keessaa tokko immoo aartii tiyaatiraati. Tiyaatirri dhimma hawaasa tokkoo deebisee hawaasichaaf taphee dhiyeessa. Kunis hawaasichi eenyummaa, aadaa, jiruufi jireenya isaa akka daawwatuuf carraa uuma.

Qorannoon kun adeemsifame taphee Jennaa jedhurratti yoo ta'u, tapheen Jennaan kunis Dhaabaa Wayyeessaan kan barreeffame ta'ee, taatota ja'aan kan kalaqamedha. Kunis aadaa, duudhaa, eenyummaafi dhugaa hawaasa keessa jiru waldiddaa taatotaatti gargaaramuun bifa diraamummaan (dramatizes) waltajjiif qindaa'e. Tapheen kun waliin dubbii taatotaa malee gochaaleen waltajjii irratti mul'atan[4], kan duuba waltajjii dhaga'aamu[5], muuziqaafi qindoomina waltajjii ofkeessatti qabata.

Qorannoo kanaa geggeessuuf dhimmi ijoo ta'an keessaa inni jalqabaa qorataan irra deddebiin namoonni tiyaatira yoo ibsan bashannana, nama kofalsiisu qofa waliin walqabsiisuun ibsuun waan isa mudateef, tiyaatirri dhimmoota akka barsiisuu, odeeffannoo kennuufi dhimmoota [6]biroof itti gargaaramuun akka danda'amu qorachuuf ka'umsa ta'e. Gama biroon, tiyaatirri Afaan Oromoo muraasa ta'u iyyuu carraafi danqaalee teeknoloojii dijiitaalaa tiyaatira ammayaa keessatti mullachaa jiru irraa ka'uun bu'aa tiyaatirri aadaa guddisuufi eenyummaa dhalootaa barsiisuuf oolu qorachuun murteessaa ta'ee argameera.

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa gahee tiyaatirri aadaafi eenyummaa dhalootaa eeguu keessatti qabu xiinxaluu yoo ta'u, kaayyoleen gooreen qorannoo kanaa immoo gahee tiyaatirri aadaa kunuunsuu keessatti qabu ibsuufi gahee tiyaatirri eenyummaa dhalootaa bocuu keessatti qabu addeessuudha.

## 2. Malleen Qorannichaa

Qorannoon kun mala qorannoo akkamtaa gargaaramuun hojiirra oole. Tooftaa Iddatteessuu akkayyootti fayyadamuun qajeelchaa bartaphee Jennaan nama tokko, Taphatoota taphee Jennaan nama ja'afi miseensa daawwatoota nama shan waliigala namoota kudha lamatu filataman. Ragaaleen agarsiisa tiyaatira Jennaan Caamsaa 22, 2025 mooraa Yuunivarsiitii Wallaggaatti baratoota Aartii Tiyaatiraan dhiyaaten madda ragaa tokkoffaa afgaaffii gamtokkeen caaseffamaan hojiirra oole. Ragaaleen sassabaman mala xiinxala ragaalee malleen qorannoo akkamtaa keessaa mala ibsaatti dhimma ba'amee jira. Kunis tooftaa gaaffilee bu'uuraa deebisuu danda'uun ijoowwan kunuunsa aadaafi eenyummaatti qooduun qaacceffame.

Qorannoon kun yaadiddama akkaataa tiyaatirri aadaa kunuunsufi eenyummaa bocu ibsuun yaadiddama hurubummaa *(performance theory)*, yaadiddama dabarsa aaadaa *(cultural transmission theory)*fi yaadiddama eenyummaa hawaasaa *(social identity theory)* bu'uureffachuun geggeeffame.

## 3. Qaaccessafi Hiika Ragaalee

Kutaa kana jalatti dowwii taphee Jennaan Yuunivarsiitii Wallaggaatti baratoota Aartii Tiyaatiraa waggaa arfaffaa Caamsaa 22, 2025 dhiyaaten ragaalee funaanamantu xiinxalama. Tapheen Jennaan taatota ja'a (6) qaba. Isaanis: Haadha Sibiiloo jaartii umurii waggaa shantamii shanii (55) qaroo dhabeetti kan taate, Sibiiloo ilma haadha Sibiloo kan gatee deemu, Malkaa dargaggeessa umurii digdamii shanii (25) hogeessa fakkiifi hayyuu duree taphee, Daangulee dubartii umurii waggaa digdamii torbaa (27) manaafi qabeenya Akkoo ishee irraa dhaalteen kan jiraattu, Bultii hojjetaa siyaasaa nama waggaa soddomii shanii (35) fi Magaal hojjetaa siyaasaa nama waggaa digdamii saddeetii (28) bakka bu'uudhan taphicha qooddatu. Tapheen kun gochaa sadiifi (3) Mul'ata shan (5) qaba.

Seenamtii taphee Jennaan gabaabatti, Malkaan fakkii intala Oromoo Baalee kan Roobee jedhamtu huccuufi faaya naannoo sanaan bobboca. Sibiloon haadha isaa jaamaa qoraan baattee lafa gabaatti gurgurtee ittin jiraatan harkisee gara waltajjiitti ba'uun lammata akka ishee harkisee hin deemne dubbata. Haati Sibiloo ilmoo ishee gorsuu yaalti. Sibiiloon bakka gabaatti haadha isaa gatee deema.

Malkaan haadha Sibiiloo gargaaruuf onnata. Bultiifi Magaal ogeeyyii warraqsaati. Fakkii Malkaan hojjete daawwachuun fakkii Roobee waan ajaa'ibsiifatan fakkaachaa qeequ.

Fakkiin Malkaan hojjetu sirna bulchiinsa isaanii akka mormu dubbataa hojii isaa akka dhaabu akeekkachiisa kennuuf. Daanguleen dubartii Malkaa waliin hariiroo gaarii qabdudha. Bultiin hariiroo jaalalaa Daangulee waliin akka uummataniif Magaalifi Sibiloon ishee howwisu. Malkaan fakkiii haadha Sibiloo qoraan baattee jirtu hojjeta. Sossobbii Bultiifi Magaaliin haadhi Sibiloo Malkaa lolti. Sibiloon shugguxxiin Malkaafi Daangulee ajjeesuu yaala garuu hin milkoofneef. Haati Sibiloo of ajjeestii, Malkaafi Daanguleen Bultiifi Magaalin kan barbaadamaan jalaa ooluuf nibaqatu.

### 3.1 Tiyaatira Akka Meeshaa Kunuunsa Aadaatti

Qabiyyee isaan tapheen Jennaan aadaa hawaasichaan dhiyaachusaa od-himtootni ibsaniru. Od-himaan (Daark01) akka ibsetti, "*Tapheen Jennaan jalqaba waltajjiin saaqamu irraa jalqabee nama fakkii shamarree uffata aadaa Baaleen faayamte miidhagsuun eegala. Itti fufee aadaa walgargaarsaa, waliin jireenya maatiifi kan hawaasatu jira; kunimmoo aadaa Oromoo taphee sana keessatti argamudha.*" Jechuun ibse. Taphatootni ykn taatonni tiyaatira tokkoo uffannaan tiyaatiraa taphichaaf dhiyaatu uffannaa idileerraa adda ba'uun taphicha qofaaf itti yaadamee hogeessaan kan qindaa'udha. Uffannaan kunis maalummaa taatoo, umurii, bakka, yeroofi atimoosferii taphichaa ibsuuf gargaara. Uffataa aadaa Baalee kan fakkii irraa mul'atu miidhagina shamarree ibsuu bira darbee maalummaa aadaa, sadarkaa jireenya isheefi eenyummaa ishee kan ibsudha. Duubee waa'ee aadaa hawaasaa daawwatotaaf fulcha kenna. Sadaa yaada isaanii keessatti jireenya dhugaa hawaasichaa waliin walbira qabuun akka xiinxalan gargaara. Akkuma kana aadaa walgargaarsaa, waliin jireenya maatii haadhafi ilmoo maal akka fakkaatu ibsa.

Od-himaan taphee Jennaan keessatti aadaan hammachifamuu gaaffii gaaffatameef, (Taat 04) yoo ibsu, "*Taphee Jennaan keessatti gahee taatummaan ani taphadhe bakka Bultii ture. Aadaa hayyuu dureen leellisu busheessuun, tuffachuun, akka bu'aa hinqabnetti harkatti rukkutuu, sirni warraaqsaaf gufuu ta'uu isaa irra deddeebi'ee akeekkachiisa. Barreessaan taphichaas saayinsii taphee hayyuu dureefi masaanuu gidduu jiru kan itti gargaarame qaama aadaafi eenyummaa isaaf dhaabatuufi kan aadaafi eenyummaa sanatti gufuu ta'utti gargaarame ergaa barbaade dabarfate*." Jechuun qabiyyee aadaa taphee Jennaan ibsa.

Elementoota taphee keessaa waldiddaan gochaalee taphee tarkaanfachisuuf kan tajaajilu yoo ta'u, ergaa dabarsuufi cimina kalaqa taphee murteessuuf illee humna kan qabudha. Tooftaaleen waldiddaa kun taatoofi taatoo, taatoofi uumama, taatoofi maataa isaa waliin ta'uu kan danda'udha. Taphee Jennaan keessattis hayyuun duree taphee sanaa eenyummaa aadaa isaa cichoominaan daawwatootaaf agarsiisa.

Faayidaa taphee keessaa tokko aadaa deebisee mullisuu, aadaa barsiisuu, qeequufi, qajeelfama kennuudha. Odeeffannoo hirmaatota taphichaa irraa argameen, od-himaan (Daaw03) yaada isaa yoo ibsu, "*Sibiloon haadha isaa qaroo dhabeettii harkisee gara daawwatootatti yommuu ba'u haadha isaa rakkina ulfaataa keessa jirtu kan qoraan gurguruun jiraattu dhisee deemuu argina. Yommuu haati Sibiloo ilma ishee gorsuuf yaaltu, gorsa ishee akka doofummatti fudhata. Isheenis 'Sibiiloo koo! Kun doofummaa mitiim. Haadha ofiif dhadhaabbata ta'uun doofummaa miti. Haadha ofii qaroo ijaa hin qabneef ija ta'uun doofummaa miti. Ani si malee maalin qaba! Eessatti na gatta?' jettee yeroo isheen ilma ishee kadhattuufi gorsuuf yaaltu ilmoon ishee gatee deemu, aadaa cabe, safuu dabe argita. Bakkuma sanatti immoo Malkaan fakkii bocaa jiru irraa oljedhee Sibiloo morma. Haala kanaan kamtu sirriifi dogoggoraa daawwataan adda baafachuu hinrakkatu. Dhugaan kun jireenya keenya keessa waanuma jirudha"* jechuun ibsa.

Waldiddaa taatota lamaan gidduu jiruun qaama lama kan namuusa, safuufi haala jireenya hawaasichaa kabajuufi fedhii dhuunfaan safuu kan cabsutu jira. Kana jechuun, aadaa ofii kabajuun, ittiin jiraachuun doofummaa akka hintaane, aadaan walgargaarsaa beekumsa malee wallaalummaa akka hintaane, wal utubuufi tokkummaan humna walii ta'uu malee akka miidhaa hinqabne waliin dubbii isaaniin ifoomsaniiru. Od-himaa (Daaw 01) akka ibsetti, "*Haadhi Sibiloo erga ilmoon ishee ganee, Malkaan immoo yaadaan, maallaqaafi ogummaa isaan haadha Sibiloo gargaara. Kun aadaa walgargaarsaa uummata Oromoo biratti baramaadha. Kan qabduun, kan dandeessuun akkuma humna keetti waan qabdu irraa arjoomta"* jechuun ibsa. Tiyaatirri kalaqatti dhimma ba'uun dhugaa hawaasa keessa jiru waraabuun deebisee hawaasaaf dhiyeessa. Taphee Jennaan keessatti seenaa waliin jireenya namoota naannoo murtaa'aa tokko jiraatanii irratti hundaa'uun aadaafi eenyummaa hawaasichaa daawwatootaaf dhiyeessa. Dowwii Jennaan keessattis akkaataa qindoomina taatotaa waltajjii irratti gochaa dhugaa hawaasa keessa jiru diraamessuun daawwatootaaf agarsiisaniiru.

Gaaffii tapheen Jennaan hubannoo aadaa irratti dhiibbaa akkamii geessisuu danda'a jedhu od-himtootaaf dhiyaate keessaa od-himaan (Daark 01) akkas jedha: "*Gochaa jalqabaa mul'ata lammaffaa keessatti, waldhabdee Malkaa, Bultii, Magaalifi Sibiloo gidduutti yommuu baballatu yoo ilaalte, 'Aadaa boodatti hafaa warraaqsa faana hindeemne kana irra ejjetanii darbuun dirqama jaallewwan waraaqsaati Magaal yoo jedhu, Malkaan immoo deebiinsaa, 'Keenya immoo hayyoonni Gadaa dubbataniiru. Erga eebba sana dhorkamnee abaaramaa taane. Waaqayyo Gadaa eebbisi. Gadaan luba eebbisi. Sa'aa horsiisi. Korma nuuf goobsi. Lafa magarsi. Diina balleessi. Nagaa nuuf buusi.' Jedha. Daawwataan salphaatti dhiibbaan aadaa irra ture maal akka ture, aadaan bade immoo akkamitti deebifachuu akka qabu fala kaa'a.*"

Tiyaatirri akkaataa dhiyaannaa isaan daawwatootni yaada isaaniin tokko mormaa tokko immoo deeggeraa akka deemaniif waldiddaa taatotaatti dhimma ba'a. Kunis, daawwatootni miira xiyyeeffannoo tapheef keennuuf, ergaan taphichaa immoo daawwatoota irratti dhiibbaa uumuuf kan ooludha. Tapheen Jennaan aadaan Oromoo dhiibbaa keessaafi alaan akka ture akeekuun furmaanni isaa maal akka ta'uu qabu dhaamsa dabarsa.

Ergaa taphee Jennaan, meeshaalee taatotni dhimma itti ba'an akkaataan dowwii aadaa hawaasichi keessa jiraatu calaqqisiisa. Od-himaan (Taat 05) akka taphee jennaan waliigala aadaafi kunuunsa isaa irratti yaada isaa akkas jechuun ibsa. "Dubbii qoolaa, akkaataa haala salphaa hubatamuu danda'utti, waan Oromoon keessa ture, keessa jiruufi, fuul duratti immoo maal ta'uu akka qabu ergaa dhaama. Ergaan kunis Jennaan jechuun kan barreessan katabe,

### 3.2 Tiyaatiraa Akka Meeshaa Eenyummaa Hawaasaa Bocuutti

Taphee Jennaan Eenyummaa hawaasaaf gahee taphatu od-himtoonni sirriitti ibsan. Od-himaan (Daark 01) akka jedhutti, "*jalqabuma waltajjiin saqamu, Malkaan mana isaa keessa fakki kaasaa. Fakkii intala Oromoo Roobee, shamarree Baalee uffata aadaa Baaleen mullatti. Eenyummaan ishee intala Oromoo ta'uu ishee, dhalattuu Baalee ta'uu ishee, akkasumas Sibiloofi Haadhi Sibiloon yeroo waliin dubbatan, Sibiloon haadha isaan bakka abaarsaa, haadha abaarsaa irraa dhalachuu isaa haadha isaa komata. Kun immoo eenyummaa ofii jibbuu mullisa. Malkaan Sibiloon eenyummaa isaaf dirqama ba'uu akka qabu jalqaba taphee Sanaa irratti argama. Tapheen tiyaatiraa tokko eenyummaa irraa kan jalqabudha. Taatotni tapheetti lubbuu horan namoota waan ta'aniif eenyummaan ka'umsa taphee tokkooti jechuu illee nidanda'eenya*." jedha.

Taphee Jennaan maalummaan eenyummaa hawaasa Oromoo bocuuf shoora olaanaa ba'a. Od-himaan (Daaw 07) akka jedhutti, "*Bultiifi Magaal yeroo hojii Fakkii Malkaa daawwatanitti, Bareedina fakkii Roobee raajeffatu. 'Eenyu jette maqaa ishee? Jedhanii gaaffatu. Malkaanis Roobee Dubara Oromooti. Jedhee deebisaaf. Dubbii Bultiifi Magaal irratti Malkaan, 'huccuu akkanaa uffattee, faayaa akkanaan ofkukkultee, aadaan miidhagdee, kana fakkattee yoo dhufte gammachuun fudhattuu? Utuu hin qaaneffatiin wajjiin magaalaa keessa deemtuu?' jedhee eenyummaa Roobee gaaffata. Deebiin isaan irraa argatus faallaadha. Eenyummaa keenya isa sirriitti qaana'uu hinqabnu ergaa jedhu malkaan fakkii Roobeen dabarfata*." Yaada kana kan deeggeru, od-himaan (Taat 09) fakkeessuu, eenyummaa saba biroo jala dhokachuu jalaa ba'uun ofta'uu tapheen Jennaan ergaa dabarsuu isaa ibsa.

Yaadni dabalataa tiyaatiraan eenyummaa dhalootaa bocuu ragaan od-himtoota taphee Jennaan irraa argame, od-himaa (Daark 01) yommuu ibsu, "*fakkii eenyummaa isaa ibsu yommuu kaasutti, akka hojii isaa irraa deebi'u ergama Bultii fudhachuun Sibiloon Malkaa irratti duula. 'Malkaan fayyaa hin qabu. Warrii isaa hundis akkasi jedhani. Yeroo isaan dhalatan akaakayyuu isaaniitu dhagna isaa aaduun muree dhiiga isaa itti cobse fakkata. Caaccuufi kallacha ija isaanitti mullisu fakkata. Dhiiga kormaan adda isaa xuqanii Bokkuu sammuu isaarra kaayan yeroo inni dhalatu. Yeroo inni jalqaba garaa haadha isaa keessa ba'u, Irreechatti geessanii bishaan itti facaasan fakkata. Kanaaf doofummaa isaa isa dhalate sanaan jira' jedhee Bultiifi Magaalitti waa'ee Malkaa isa eenyummaa isaa ganamaa qabatee jiru, warraaqsatti gufuu ta'uu isaaa basaasa. Eenyummaan dhiigaan darbuu, itti dhalachuu dubbata. Taphee Jennaan eenyummaa dhalootaaf taatoo Malkaan yoo falmu taatota masaanuu kan akka Bultii, Magaalifi Sibiloon immoo eenyummaafi aadaan gufuu warraaqsaa waan ta'eef balleessuuf itti duuluu isaanitu jira*" jedha.

Caaccuu, kallacha, Irreechafi sirni jilaa eenyummaa aadaa uummata Oromoo waliin bakka guddaa qabanidha. Sibiiloon diddaa eenyummaa Malkaa balleessuu haala mijataa yeroo dhabetti, waa'ee maatii isaa Malkaa, abbootii isaa, akaakileefi duubee isaa komachuutu argama. Kun kan agarsiisu eenyummaa taatoo Malkaa kan taphee Jennaan keessatti qooda fudhate haa dubbatu iyyuu malee, waa'ee uummata Oromoo dhiibbaa garaagaraan eenyummaan isaa hacucamuufi danqaaleen jiran dandamachuun mullataa jiru irratti dhiibbaa walfakkaataa itti fufee jiru taphee Jennaan dhiyeessuu balballoomsa.

Dabalataanis, taphee Jennaan keessatti shira eenyummaa dhalootaa qorqu ifa baasuun dhaloonni akka ofbaru, eenyummaa isaa, aadaafi sirna abbootii isaanii akka hordofan karaa agarsiisa. Od-himtoonni hundi yaada kanatti waliigalu.

Ergaan taphichaa hiika garaagaraa aadaafi eenyummaa waliin walqabsiisuun od-himtoonni yaada isaanii qoodaniru. Od-himaan (Daark 01) akka jedhutti, "*Jennaan akkan hubadhetti eenyummaa saba tokkoo nama hubannoo gadi fagoo hinqabne tokkotti gargaaramuun shira qaama siyaasaa gartuu tokkoo taphatudha. Jennaan kan jedhu iyyuu 'Isaantu akkas nan jennaan malee' ani kana beekaa jettee haati Sibiloo erga dhugaan isheef gale. Ta'us garuu waan hawaasaa, tokkummaa, aadaa, eenyummaafi dhugaa hawaasa keessa jiru tapheen kun baasee mulliseera*."

Tiyaatirri eenyummaa dhalootaa bocuu, gorsa kennuu, beekumsa dabarsuuf akka meeshaa tokkootti tajaajila. Tapheen Jennaan kana kan mirkaneessudha. Jalqabaa hanga xumura taphichaatti eenyummaa taatotaa, kaayyoo isaanii, ergaafi mullanni taphichaa aadaa, dhaloonni adeemsa isaa keessatti kamtu qajeelaafi dogoggora ta'e adda baafatee itti akka jiraatuuf odeeffannoofi barnoota kan kennudha.

## 4. Goolaba, Argannoofi Yaboo

### 4.1 Goolaba

Qorannoon kun gahee tiyaatirri aadaafi eenyummaa dhalootaa eeguu keessatti qabu, taphee Jennaan xiyyeeffachuun kan adeemsifamedha. Tapheen Jennaan humna aadaa Oromoo dabarsuu, kunuunsuu, galmeessuu, agarsiisuufi barsiisuu olaanaa kan qabudha. Akkasumsas, gahee eenyummaa dhalootaa bocuu jabaa kan qabudha. Walumaagalatti, tiyaatirri oguma aadaa hawaasa tokko dabarsuufi eenyummaa dhalootaa tiksu ta'ee kan tajaajiludha.

### 4.2 Argannoo

Argannoowwan qorannoo kanas tiyaatirri oguma aadaa hawaasaa kunuunsudha. Kana jechuunis, tiyaatirri oguma duudhaafi safuu ummata tokkoo humna olaanaan barsiisudha jechuudha. Eenyummaa waloo ummata tokkoos nitumsa. Tiyaatirri meeshaa hawaasni baroota dheeraaf duudhaa, sirna amantaa, afaaniifi oguma dhalootaa gara dhalootaatti ittiin dabarsuuf itti dhimma ba'aas turedha. Kanaafuu, tiyaatirri beekumsa dabarsuufi eenyummaa hawaasaa bocuuf ga'ee guddaa taphata.

### 4.3 Yaboo

Argannoo qorannoo kanaa irratti hundaa'uun yaadni furmaataa bu'uuraa: tiyaatirri kaarikulamii barnootaa keessatti bocamuun akka meeshaa barnoota aadaatti tajaajiluu qaba. Tiyaatira hawaasa irratti bu'uureffachuun

beekumsa dhaloota guddisuu, dhaabbanni aadaafi turizimii aadaafi hambaalee kunuunsuuf tiyaatiratti dhimma ba'uu, tiyaatira hujoo *(applied theatre)* gargaaramuun aadaa hawaasaa hawaasicha hirmaachisuun aadaa guddisuun akka danda'amu seera baaftotaafi qaama dhimmi ilaallatuuf dhaamsa dabarsa.

**Wabiilee**


Akinsola, I., "Socio-Cultural Competence: Why Theatre (-in-) Education is Important for Every Post-colonial Nigerian Child." *International Journal of Social Sciences Educational Studies* 12, no. 3 (2025): 24-48.

Ashagrie, Aboneh. "The role of women on the Ethiopian stage." *Journal of African Cultural Studies* 24, no. 1 (2012): 1-8.

Balan, S. (2025). Theatre as a Mirror of Society. *Development Through Dialogue*, 59.

Gallagher, K., & Freeman, B. (Eds.). (2016). *In defence of theatre: Aesthetic practices and social interventions*. University of Toronto Press.

Gulkhara, A., & Farzaliyeva, E. (2025). Theatre as a reflection of social change: How dramatic arts capture cultural shifts and historical transformations. *Acta Globalis Humanitatis et Linguarum*, *2*(1), 254-261.

Hatala, A. R., & Bird-Naytowhow, K. (2020). Performing Pimâtisiwin: The Expression Of Indigenous Wellness Identities Through Community-Based Theater. *Medical Anthropology Quarterly*, *34*(2), 243-267.

Jalata, A. (2020). *The Oromo Movement and Imperial Politics: Culture and Ideology in Oromia and Ethiopia*. Bloomsbury Publishing PLC.

Linds, W., Yuen, F., Goulet, L., Episkenew, J. A., & Schmidt, K. (2010). Exploring and Re-creating Indigenous Identity Through Theatre-Based Workshops.

Melnyk, M. (2024). Theatre Art: Conceptual And Categorical Problems. *Interdisciplinary Cultural and Humanities Review*, *3*(1), 46-52.

Ogunleye, F. (2002). *Preserving Culture Through New Artistic Forms: The case of Duro Ladipo's Folkloric Theatre*. Research Review NS**,** 18(2), 63–71.

Rustamov, M. (2025). The Importance of Cultural and Art Institutions in the Development of the Tourism Sector (On the Example of the Activities of Theaters and Cultural Centers). *Academic Journal of Science, Technology and Education*, *1*(6), 70-74.

Sira, Z. B. (2019). Performing the Nation: Incorporating Cultural Performances into Theatre in Ethiopia. In *African Theatre 18* (pp. 100-120). James Currey.

Wilson, E., & Goldfarb, A. (1991). *Theater: The Lively Art* (p. 480). McGraw-Hill.

Winn, R. P. (2024). Theatre in the Time of Termination: The Cultural Values Embedded Within the Menominee Pageant Productions (Doctoral dissertation).

Yildiz, G. & Bianchi, F. (2023). Communication of Cultural Heritage Through Performing Art: Theatre and Memories of Former Mental Asylums. In *BAMC Official Conference Proceedings* (pp. 79-85). The International Academic Forum (Iafor).